

# Guyyaan WBO magaala guddoo Ameerikaa, Washington, DCtti sirna ho'aan kabajame.

. Guyyaan Waraana Bilisummaa Oromoo(WBO) gaafa Sanbataa Amajii 25, 2014 magaalaan guddoo Ameerikaa, Washington, DCtti sirna ho'aan kabajame.



Kabaji guyyaa WBO kun akka aaddaa Oromoottii eebba maanguddootaan kan eegalamee yoo ta'u, eebba kanatti aansuudhaan faaruun alaabaa Oromoo faarfameera. Itti aansuudhan sagantaleen yaadannoo guyyaa kanaa waliin wal-qabataan barsiiso fi hamileessoon walduuraa duubaan qindessitoota Koynaa




ABO Washington DC fi keessumoota kabajaa guyyaa kanaan dhiyaatanii jiru.



Akkuma kanaan, bakka bu'aan Konyaa ABO Washington, J/ Kabiir Abbaa Gumbul hasawa baniinsa godhaniin ABO fi WBO yeroo adda addaatti halawwan hagam hadhawaa fi abdi kutachiisoo isaan mudataa ture gootummaan keeysa dabruudhaan injifanno qaqqaalii ka galmeessisa turan ta'uurrayyuu guyyaadhumti har'a kabajnu kuniyyuu yaadannoo WBO sadarkaa diinni ummata Oromoo gaachana keenya kana dhabamsiisuf irratti bobba'e if irraa qolachuudhaan sochii isaa gara injifannootti jijiiree dirree waraanaa qulqulleeffate irratti yeroo calqabaaf goototi ilaaman Oromoo waloodhaan Amajii guyyaa 1, 1980 akka guyyaa WBOTTI kabajachuu eegalan yaadachuu ta'u ubsanii, guyyaa kana kan kabajannu gootota lubbu isaanii bakka bu'a hin qabne haqa ummata isaanifi kitimaa godhan akkasumas gootota yeroo ammaan tana diina koloneeffataa kuffisanii kufaa jiran faarsuuf ta'uurrayyuu injifannoolee boonsaa QBO tiif argamsiisaa jiraniif nuti lammiiin Oromoo humna, dandeettii fi hamlee dhaan isaan bira dhaabachuu dirqama lammummaa ta'u hubannee WBO cina hiriiruuf kan itti waadaa haaromsinee kanas hojijdaan mirkaneessinu akka ta'e dhaamanii jiruu.

Guyyaa kanatti Obbo Abdii Boruu haala yakkaa fi dhiittaa mirga dhala Oromoo irratti yeroo ammaa gahaan jiruu fi isaan mataa isaanii irra gahe, akkasumas gochaa suukanneessaa fi dhokataa hagana hin jedhamne mana hidhha Wayyaaneetii kannnen akka Maa'kelawwii fi Qaallittii keeysatti isaanii fi ilaam Oromoo irra gahaan jiru ragaa maqaalee ilaaman Oromoo tuquudhaan kan dhiyeessan yeroo ta'u Oromoone qe'ee isaa irratti ajjeeffamuun, reebamuun, jumilaan hidhamuun, lafa isaarrraa buqqifamuun walumaa galatti gochaan faashistummaa murna TPLF/Wayyaaneetiin Oromoo irra gahaan jiru kan hambisuun danda'amu yoo ummati Oromoo tokkumaan fuundura dhaabbatee of irraa qolate ta'u ubsanii, furmaati Oromoone akka ummataatti Oromiyaan akka biyyaatti jiraachuuq gabanus tokko taanee humna keenya jabeeffachuudhaan diina keenya akkaataa dhufatii isattii ofirraa deebisnee waarao salphinaa jaarraa 21ffaatti keeyssa jirru keeyssaa if baasuu qofa akka ta'e jala muranii jiruu.

Itti aansuudhaan obbo Abarraa Tafarrraa bakka bu'aan ULFO dhamsa dabarsaniin bu'aa bahiin qabsoon bilisummaa Oromoo keeyssa dabre rakkisaa ta'u ubsanii, ilaalchota faallaa adeemsaa fi kaayyoo qabsoo bilisummaa Oromoo keeyssa



riphani turan miidhaa diigumsaa geeyisaa turuu ubsanii humnoonni mooraa bilisummaa Oromoo keeyssatti hafan ammatti kan irraa eegamu tumsa tolfachuu osoo hin taane haal-duree tokko malee tokko ta'u akka qabanii fi tokkumaan kunis hoggana tokko, jaarmiyaa tokko, caasaa tokko fi alaabaa tokko jalatti deebi'u ta'u hubachiisanii jiru. Kana gochuu hanqachuudhaaf sababi himatan tokkollee akka hin jirre tuqanii miidhaa gara jabinaa fi jireenna gadadoo Oromoone akka ummatatti keessa jiruu fi kan diinoti durii fi ammaa wal-ta'uudhaan qabeenya fi namuma keenyaan qe'ee keenya keeyssatti nu ajjeessaa fi nu gubaa jiran tokko taanee wal-dhagayuudhaan irree keenya jabeeffanee yeroo dhumaatiif ifirraa hundeedhan buqqifree gatuu qabna jedhanii jiru.

J/Abbaa Caalaa Lataa, MSG fi gaafatamaan Jaarmiyaa fi Siyaasaa ABO gama isaaniitiin

hasawa godhaniin seenaa gaddisiisaa fi honnee lammii Oromo kamuu kakaasu qabsoon bilisummaa Oromoo keeysa dabartee yeroo ibsan, dirreen qabssoo Oromoo bikka hedduutti haala hadhaawaa keeyssa kan gaggalaa ture injifannootin irra aanaa kan as gahe yoo ta'u keeysattu dirree qabsoo lixaa irratti haala hamaa fi rakkisaa keyssatti diinni Oromoo miidhaa qaqqabsiisuu yaaletti dabaltee wareegama hoggantootaa fi haala gantummaa isaan mudate bira tarudhaan gara-kutannoo guddadhaan socho'anii humna isaanii dhabamuu irraa gara sadarkaa amasiisaa fi humna guddaa ta'uutti of jijjiiruu akka danda'an tuqanii, hojii bu'uraa haarsaa qaqqaalidhaan hundee jabaa irratti ijaraman lammiin Oromoo marti keessattuu dhalooti haaraan waadaa abbootii haaressuudhan qabsoo Oromoo gara dhumaatti qaqqabaa jiru akka saffisiisanii bikkaan gayan hubachiisani jiru. Itti dabalaanis, isaan akka qabsayaa Oromoo tokkootti jiruu fi jireenya dhuunfaa isaanii gaaffii haqaa fi ka bilisummaa ummata isaaniif dabarsanii haarsaa gochuudhaan sadarkaa amansisaa amma irra jiruun waan gayaniif dhalooti ammaa immoo wanta irra gayame irra tokkumaan ijaajjuudhaan wal-qeeequu fi dura dhaabbachuu irra harka wal-qabatuun haarsaa qabsoon kun gaafatuuf if qopheeyisanii gaaffii Oromoo galamaan akka geessisan dhaamsa isaanii dabarsanii jiru.

Guyyuma kana galgala sagantaalee biroo konyaan ABO Wahsington, DC qopheessee ture keessaa caalbaasiin qomee (T-Shirt) suuraa J/Laggasaa Wagii ifirra qabuu caalbasif dhiyaatee sabboontota Oromoon gatii guddaadhaan ka bitame yoo ta'u, sirna WBO dinagdeen gargaaruu fi bira dhaabbachuudhaaf geegffame irratti qooda fudhatooti guyyaa WBO haala nama hamilchiiusii fi nama gammchiisuun gargaarsa maallaqaa godhaniiru.

Dhuma irratti sagantaa gaaffii fi deebii geggeeffameen hirmaattoti kabaja guyyaa kanaa gaaffilee adda addaa waa'ee haala qabsoo bilisummaa Oromoo irratti keessummoota kabajaa guyyaa kanaa sadaniif dhiyeessaniin mariin geggeeffamee deebii quubsaanis keessummoota hunda irraa kennamuun sagantaan kabaja guyyaa WBO Washington, DCtii injifannoон xumuramee jira.

